labata

Barruu Dijitaalawaa Afaan Oromoo

Lakk. 4 Jildii 1

Free digital magazine volume foure

Fulbaana 07, 2020

@labatamagazine

LABATA

Barruu Dijitaalawaa Afaan Oromoo

Lakk: 4 Jiljaji 1 Bara 2020

Baafata:

04 

DHAAMSA GULAALAA
Abdii Margaa

16 
GARRAAMUMMAAN OFIIF
Abdii Margaa

09 
FILATANII JIRAACHUU!
Mihirat Garramuu

20 
QEEQA KITAABAA
Guutuu Amsaaluu

10 
ILAALCHA
Fayyisaa Alamuu

24 
MEE YAADII
Dastaa Takka'aa

12 
IMALTU
Ayyaanaa Dhufeeraa

25 
GUULANTAA MILKAA'INAA
Isaayyaas Ittafaa

13 
DHAGEETTII
Milkii Fiqiruu

29 
WAAN GUDDAA YAADUU
Qanaani Abdataa

14 
SIIN HIN ARAARAMU!
Abdussalaam Idriis(Sabaa'if)

@labatamagazine

Hubaachisa

- Barruulee kana irratti barreeffamoota jiran eeyyama barreessaan alatti yookis qopheessaa barruu kanaan alatti maxxansuun seeraan dhorkaadha. Mirgi qopheessaa seeraan eegamaadha.
- Barreeffamoota, Dizaayinii barruu kanaa yookis qabiyyee barruu kanaa walakkaas tahe guutummaa isaa toora hawaasaa kam irrattiyyu raabsuunii fi Barruulee kana baay'isanii kooppii gochuun seeraan dhorkaadha.

Labata Digital Magazine

LABATA MAGAZINE

LIKE OUR
Facebook Page
https://www.facebook.com/labatamagazine

JOIN OUR
Telegram channel
https://t.me/labatamagazine

Free Digital Magazine

Barruu Dijitaalawaa Afaan Oromoo

Dhaamsa!!

Erga dhihoo as Barruun Dijitaalawaa Afaan Oromoo namoota dandeettii waa barreessuu qaban; dhalootaaf ergaa isaanii karaa adda addaa barreeffamaan akka dabarsataniif carraa bal'aa kan uume, labata dubbisuuf fedhii kan qabuuf immoo karaa salphaafi mijataa ta'een dhiyeessuun dhugaa dubbachuuf hojii jajjjabeeffamuu qabuufi cimee itti fufuu qabu dalagaa jira.
Barruun Digitaalawaa Afaan Oromoo Labata gara fuulduraattis namoota dandeetti qaban hirmaachisaa; dhalootaaf immoo karaa salphaafi mijataa ta'een kaffaltii malee gumaacha isaa akka itti fufuuf; namni kamuu ga'ee irraa barbaachisu ba'uu qaba. Kan dandeetti barreessuun dhalootaaf ergaa dhaammachuu fedhuuf balballi Barruu Labata banaadha. Maxxansa barruu kanaa ji'atti altokko maxxanfamu hiriyootawwan keessaniifi maatii keessaniif qooduun hirmaattoota barruu Labata ta'a. Barruun kun bifa haaraan akka dhiyaatuuf jabeessaa. Akkasumas, hogbarruu afaan Oromoo guddisuu keessatti ga'ee keessan ba'a. Labata waliin imala gaarii! Deemsi fuulduraatti!
Gulaalaa Barruu Labata Abdii Margaa

Qopheessaa Barruu fi dizaayinii

Eeliyaas Asaffaa

+251902165878

eliyasefa001@gmail.com

Eliyas Asefa

Qindeessaa

Milkessa Asfaw

+251917071380

milko.yoya@gmail.com

Milkesa Asfaw

Gulaalaa

Abdii Margaa

+251922213901

abdiimargaa@gmail.com

Abdii Margaa

@labatamagazine

KIYA

KIYA PICTURES

Our servise

- Wedding
- Baby shower
- Birthday
- Landscape
- Graduation
- Events
- Music clip
- Concert
- Outdoor servise

Nekemte, Ajip

+251928296106
+251918344223

kiya pictures

kiyapictures@gmail.com

KIYA



KIYA



KIYA





FILATANII JIRAACHUU!

Mihirat Garramuu

Namoonni tokko tokko jireenya isaanii kan to'atu carraa ykn wanta dursee murteefate malee filannoo dhuunfaa isaanii akka hintaanetti amanu. Garuu, akkas miti jireenya jiraatuuf waan ta'uu kan ofiif filatuu si malee nama kanbira ykn qaama biraa miti. Waan ati hubachuu qabduu; ati ofi keef agarsiisituu jireenyakeeti waan ta'eef filachuuf qaamni ati dabalatu yoo jiraate siifi si qofadha. Me ilaali jalqaba Waaqayyo nama uumee jannata Eden keesaa ka'e.

Isa jiraatu osoo hinuumiin isa itti jiraatamu uume. Mee ilaali siniis utuu hinuumiin dursee kaayyoofi mul'ata ati jiraattuu uumuusaa hindagatiin. Warri jalqaba uumaman dhalli namaa filannoo wallaaluun bakka fi Waan isaaniif uumame keessaa ba'an. Atis filattee hinjiraattu taanaan Waan sii uumame dhabda.

Waanti siif galuu qabu immoo Waan siif ta'u, kaayyookeef ta'u hubattee hinfilattu taanaan waantoonni filannoof siif dhiyaatan danuudha. Akka nama gabaa Waan bitu osoo hinqabaatiin ba'ee taata.

Jireenya siif uumaakee gammachiisu, kan kaayyoofi galmakee biraan si gahu filadhuu jiraadhuu! Addunyaan kun filannoo danuu waan siif dhiyeessituuf ati murteeffadhuu waan siifi Uumaakee gammachisu jireenya qajeellmaafi gaariin guute filadhu jiraadhu.

Filattee gaafa Jiraachuu eegaltu toora warra akka kee jireenya ati filatte sanaa hiriirta kanaaf gatiinkee hinrakkasu. Akkuma ati ofkabajjee ykn bakka filannookee sanaa dhaabbattes namni kabajaafi filannookee sana jaallata. Egaa! Osoo ofhinkabajiin namni nama kabaju. Osoo namas hinkabajiin namni nan haa kabajuun soba dubbiiti.

Waantoota ati filattu kamuu haatahan jireenya keerratti dhiibbaa qabu. Yoo filannoo hintaane filatte, bu'aansaa gaddaafi gabbii akka ta'e beekamaaadha. Garuu, filannoo gaarii filannaan siif bu'aankee gammachuudha.

Yeroo jireenya filannoo jiraachuu eegaltu gaaffii akkas jedhu of gaaffadhu Waantoota yeroo hunda si duukaa yoo turan rakkoo sitti uumuu danda'an maalfa'i? Jiruu kee hunda keessatti amaleeffannaa guyyaa guyyaan dalagamanoo?

Tokko lamaan ofilaali filannookee malee homaa hindalagiin. Waan ati filattee facaastu, Sanyii gaarii tahuu qaba. Waantoonni sanyiikee guddisanis gaarii tahuu qabu. Isa naaf ta'a jettee filatte immoo mo'adhuu jiraadhu.

Eeyyee! Ejjennookee isa namni kamillee irraa boodde si deebisuu hin dandeenye ejjennoo sirrii qabaadhu!. Jireenyakeef wabiin biraa hin jiru si malee, sababiinsaa ati nama of danda'ee uumamedha. Mee ilaali yaadis, jireenyakeef Waan tahu adda baasii filadhu. Isa gaariifi qajeelaa ta'ee; filannoo si kabachisuufi si boonsu filadhu! Yeroos jireenya gammachuufi fakkeenya ta'u jiraatta!!!

ILAALCHA



ILAALCHA

Fayyisaa Alamuu

Gara ilaalcha sirritti dhufuu “kaayyoon uumama keenya beekuun hojii nuti hojjachuu qabnu murteessa”
“Namni kaayyoo hin qabne akka maarkaba wanta ittiin kallattii to’atan(compass) hin qabneeti jooraa homaatti kan hin galleedha, namas miti. (Toomaaskarlaayil).

Ani maalii? Maalifan uumame? Faayidaan koo maalii? Kan jedhu of gaafachuun baay’ee barbaachisaadha. Namummaa keessa keenya yoo ilaallee gaafiwwaan armaan olii kana beekuun baay’ee murteessadha. Kunis immoo akka nuti tasa hin taane baruuf nu gargaara. Umrin jiraadhe keessatti wantin hubadhe tokkoo kaayyoon nama kamiituu boca godhachuu kan danda’u yeroo barbaachisummaan keenya nuuf galudha. Nuti addunyaa kanaaf baay’ee barbaachisoodha, akkasumaan uumamne miti.

Ilaalchi keenya akka nutii ofitti amanamummaa qabaannee jiraannuuf nu gargaaraa.

Jireenya jiraattaan maraaf ofitti amanamummaa qabaadhaa sababni isaas nuti akka tasaatti namoota uumamne miti. “Jireenyi keenya wanta yaadni keenya uumuudha” 'Maarki Awurisiyaa' asirraa akkuma hubannu gaarin, badaan, kan mijatu fi kan hin mijanne yoo ta’es hundi isaatuu kan eegaluu sadarkaa yaada irraatidha akka jecha nama kanaatti jireenya jiraachuu jechuun sadarkaa yaaduu irraa eegala.

Osoo hin yaadin wanta kamuu bira hin ga’amu, osoo hin yaadin jireenya barbaannu bira hin geenyu, wanti kamiyyuu kan eegalamu sadarkaa yaadaa iraatidha. Yaadni immoo wanta irra deddeebinee yaadnu kana akka nuti ilaallu taasisa. Ilaalchi kan dhufuu sadarkaa yaada irratidha. Osoo hin yaadin ilaalun hin danda’amu, ilaalchi sadarkaa yaada irraa ka’a. jijjiramni kan dhufuu erga nuti yaadne booda ilaalcha nuti immoo wanta yadne sanaaf qabnu immoo murteessudha. “Argannoon dhaloota ani keessa jiraadhee inni guddaan maal seetan? ilmi namaa ilaalcha sammuu isaa jijjirudhaan jireenya isaa jijjiruu akka danda'u hubachuu danda'uu isaa ti” ‘Wiiliyaam Jeems’. Barbaachi nama hundumaa addunyaa kanarraa jijjirama jireenyati. Kana yeroon jedhus namni kamuu kan inni barbaaduu jireenya isaa jijjirame arguudha.

Haa ta’uu malee garuu jireenya jijjiruun dura ilaalchaa sammuu isaa jijjiruun barbaachisaa fi murteessadha.
Namni ilaalcha ittin jijjiramu osoo jijjiriin jireenya isaa jijjirudhaaf ariifata, kuni immoo akka inni jijjirama barbaade hin argannee, bira hin geenye fi hawwii jijjiramaa qofa akka ta’ee hafu isa taasisa.
Wanta kamiyyuu kan murteessuu ilaalchadha. Kana jechuun namni kamuu hamma beekumsa qabu osoo hin taane, hamma qabeenya qabu osoo hin tanee, hamma ilaalcha qabu ga’a. Kanaaf namni hiyyeessa kan ta’u yoo ilaalcha hiyyoomedha, sooressa kan ta’us yoo ilaalcha sooromedha. Ilaalchi qabeenya dhokataadha, ilaalchi jijjirama dhokataadha, ilaalchi fayyaadha, ilaalchi waan hundumaadha. Kanaaf barruu kana battala dubbistanitti akkamitti ilaaltu jijjirama jireenya.

Egaa jireenyi jijjiramuudhaaf ilaalchi jireenyicha jijjiru jijjiramuu akka qabu beekuun murteessadha. Daldala jijjiruun dura ilaalcha daldalichaaf qabdu jijjiri, barnoota jijjiruuf ilaalcha barnootaaf qabdu jijjiri, filannoo gaa’ilaa jijjiruun dura ilaalcha filannoo gaa’ilichaaf qabdu jijjirii kan dogoggorate wantoota armaan olitti heeraman osoo hin taane ilaalcha nuti wa’ee wantoota armaan olitti heerre qabnuuti.

ILAALCHA

Jecha nama kanaarraa waan bareedaa akka qooddattan abdii guutun qaba. Kunis yeroon jedhu jireenya ofii jijjiruun kan danda'amu yeroo of argachuun eegalamudha. Of argattaaniirtuu? Jijjirramni kan dhufuu ilaalcha sammuu ofii jijjirudhaanii. Akkamitti ofi ilaalta? Akkamitti jireenya ilaalta? Akkamitti jijjirama ilaalta? Egaa gaafiwwaan kanneen isiniifan dhiisa.

Jireenyi keenya ilaalcha nuti ilaalluun murteeffama. Kana jechuun wanti kamiyyuu akka nuti ilaalle ta'a. As keessatti fakkenya gabaabduu tokko isiniif yoon kaasuu namni fuullee ijaa gurracha ija isaatti uffate waan barbaaden ilaala yoo jedhe wanta barbaade arguu hin danda'u sababni isaas fuullichi gurracha waan ta'eef wanta inni barbaade sana itti agarsiisuu hin danda'u. Furmanni nama kana maalii yoo jenne fuulle ijaa jijjiruu yookiin ija isarraa kaasudha. Nutis akkuma fakkeenya kanarraa hubattaan jireenya jijjirudhaaf waan ilaalcha keenya dukkaneesse sana ofirraa fageessun baay'ee barbaachisaa fi murteessadha. "Haala simuudatu waliin jireenyakee wal fudhachiisuuf yaalii godhi malee akkan barbaadu ta'uu qaba" in jedhin 'abiraam linkan'. Jecha nama kanaarra wanta anaan bara jireenya koo keessatti naa gargaaru tokkotu jira kunis yeroo baay'ee dhugaa wantichaa hubaachuu dadhabnee akkasan ta'uu qaba, kana hojjachuun qabaa, isa kanaan milka'uun qabaa jenna.

Garuu hamma murta'ee erga tarkaanfannee boodaa haalli sun akka nuti yaadne ta'uu dhiisaa wanti nuti hin yaadne nu qunnamee faallaa wanta yaadne taanee argamna. Kuni immoo rakkoo ilaalchaa irraa kan dhufedha. Yeroon jedhuus akka nuti itti yaadnetu rakkoon hin jiru ilaalcha jedhu qabatee waan ba'eef malee rakkoon akka jiru of amansiisne jireenya keenya rakkichaan wal simsiisuu dadhabne hin argamnu ture.

Haalli si muudate gaarii yoo ta'es ilaalcha jireenya kee haala gaarii sanaan waal quunnamsiisi. Akkasumaas haalli si muudate badaa yoo ta'es jireenya kee haalicha dheessuu osoo hin taane isaanis waal quunnamsiisi. "Gaabbiin kan nu qunnamu yeroo wanta darbe irraa hin baratin hafnudha. Atimmoo, gaabbii tokko malee beekumsa haaraan garafuula kee duraatti hiixadhu! kufaatii kaleessaa teellaa deebitee hin suufinii"
'Kaatirin Puulsifer'.

Addunyaa kanarraa rakkoon namoota baay'ee inni guddaan wanta darbe irraa hin baratan jireenya haaraa fi ilaalcha haaraa burqisiisuu hin barbaadan kun immoo akka isaan jireenya kaleessa, kufaatii kaleessaa, ilaalcha kaleessa qofa irra deebi'anii yaadudhaan boruu isaanii balleessaa jiraatan isaan taasisa.

Kaleessi darbeeraa namni hojii kaleessa irra deebi'ee hojjatu hin jiru, jireenya kaleessa irra deebi'ee jiraatu hin jiru, wanta kaleessa yaade fi hojjate kamiyyuu harraa isaa kan bakka buusu hin jiru. Kufaatii hundumaa keessa inni hamaa fi gadheen yeroo baay'ee ilaalcha nama gammachiisuu fi nama biratti fudhatamummaa argachuuf fiigudha. Yoo hojjannu nama gammachiisuuf yookiin fudhatama argachuuf osoo hin taane waanti hojjannu sirrii waan ta'eef qofa hojjachuu qabna. Isaa kanaan waal qabsiisee namni tokko akkaas jedhe dubbata. "Furtuwwaan milkaa'inaa hundumaa hin beeku, garuu furtuun gara kufaatitti geessu inni tokko namoota hundumaa gammachiisuu yaaludha". 'Biil Koosbi'. Ilaalchi baadan namoonni ittin miidhaman inni biraan namoota gammachiisuuf yaaludha, kana jechuun hiriyaa isaanii, fira isaanii, maatii isaanii, fi kkf gammachiisuuf yaalurraa kan ka'e umri isaanii, yeroo isaanii, bara isaanii guutuu balleessuu. Garuu inni kunis ilaalcha gara kufatti nama geessu keessa isa tokkodha.

Walumaagalatti Addunyaa keessa jiraannu keessa gaddi, gammachuun, mijachuun, mijaachuu dhiisuun, ni jiraata. Kunis ta'uu kan danda'u yeroo nuti wanti tokko ni rawwata jennee eegnudha. yoo salphisnu ni salphata, yoo cimsinuu ni cima, yoo xiqqeessinuu ni xiqqaata, yoo guddisnuu ni guddata. Jijjiramni jireenya kan dhufuu sadarkaa ilaalchaa irraatidha kanaaf ilaalchi beeka, sooressa, cimaa, ga'aa nama gochuu waan danda'uuf ilaalcha foyya'aa qabaachuun murteessadha.

IMALTU



IMALTUU

Ayyaanaa Dhufeeraa

Kaayyoof mana baatee
ishee jirtu karaa
Hamma galma geessuttii
ishee hinhirre garaa,

Imaltuu gara kuteettii
kan abdiin adeemtuu
Beeloftus maaddii ormaa
iti gorte hinkajeeltuu!

Sabbata xiiqiitin
mudhii jabeeffattee
Gara duraatti ifaajjii
karoora qopheeffatte.

Oduuf gurra laattee
dhaabbatte hindhaggeeffattuu
Ulfinaan jiraattee
kan safuu safeeffattuu,

Jechaan hamiilee hindhabduu
mul'atasheef jiraattii
Eebbaaf kuusaa jaalalaa
barruurratti baatti

Aggamtu karaa nagaa
raagduu milkii hawwituu
Labata egereetiif
ishee abdii labsituu,

Imaltuu galma qabdu
booree abjuu kaayyoo
Keessuu seenaa dhalootaa
hinbaddu akka laayyoo!



DHAGEETTII

Milkii Fiqiruu

"Afaan gaariin Afaa gaarii caala!" jedha Oromoonko. Qooqni bareedina qofa osoo hintaane qabeenya, aangoo, humnadhas!

Jireenya keenya keessatti wanti akka dubbannee dhageessifachuu nu gammachiisu hin jiru. Gaggeessaas hordofaas xiqqaas guddaas yoo taane qooqa bareedaadhaan dubbannee dhageessifachuu namuu ni barbaada. Dandeetti kanammoo namoonni hedduun uumamumaan badhaafamanii kan dhalatanis ta'u warreen shaakalliidhaan fidatanis ni jiru! Kanaafuu atis tarii kana ni feeta yoo ta'e malleen kana gadii yaali ni milkooftaa!

Haasaa salphisuu!

Ergaa dabarsuu feetu salphaa, ifaa fi gabaabaa gochuu yaali! malee waanuma tokko olfuutee ulfaatinasaa samii gubbaa yoo goote akkasumas yoo haasaa dheeressite, haasaankee nama nuffisiisuu danda'a; kana malees galma yaadde siif hinrukutu! Akkasumalle namoota yaadakeerratti shakkii qaban keessatti "Muu kunis na amansiisuuf hamma kana waa meeqa haasa'aa." yaada jedhu uumuu ni danda'a. Kanaafuu haasaankee haa gabaabbatu. Abbaan qabeenyaa fi hundeessaan kaampaanii guddicha Addunyaa keenyaa Apple "waantokko karaa salphaa ibsuu danda'uun cimina guddaadha (Silpilicity is the ultimate sophistication)" jedha. Kanaaf yoomiyyuu yaadakee karaa salphaafi gabaabaa ta'een ibsuukee hin dagatiin!

Fedhii dhaggeeffataakeerratti xiyyeeffadhu!

Yeroo hunda, namni kamuu afaaniinis dubbachuu baatu gaaffii "Maalin argadha?" jedhu keessasaatti kaasuunsaa hin hafu! Kanaafuu gaaffii kanaaf deebii ibsa gahaa waliin qabaachuu hin dagatiin waanuma haasoftu hunda keessatti harka caalmaa faayidaa dhaggeeffataankee argatu dubbadhu! Yoo kana goote yaada dhaggeeffataakee ni argatta!

Ofitti amanamummaa /Self Confidence/ qabaadhu!

Waan haasoftu kamiyyuu shakkiin hin haasa'iin; jechoota shakkii mul'isan matumaa hin fayyadamiin! Haga sii danda'ameen fuulakeerraallee shakkii waanti jedhame hin dubbifamiin. Yeroo tokko tokko dhugaan waan biraa ta'uullee osoo beeknuu ofitti amanamummaa fi haalli haasaa namootaa nu amansiisuu danda'a waanta'eef!

Bakka dhaggeeffataakeee of buusii ilaali!

Dhalli namaa uumamusaatiin nama isa fakkatuu waliin hojjechuu waan barbaaduuf hamma dandeesseen waantota walitti isin hidhan, jechuunis wantoota waliin qabdanirratti xiyyeeffadhu! fknf seenaa waliin qabdan, fedhii walfakkaataa qabdan, galma waliin qabdan, hawwii waliin qabdan tuttuquu hin dagatiin yommuu kana dhagahutti dhageeffataankee hariiroo si waliin uumuuf deemurratti abdii godhata waanta'eef! Yeroo hunda waantota inni barbaaduufi waliin qabdan waliinis argachuu dandeessanirratti xiyyeeffadhu!

Irra deddeebiin yaali!

Waanta gochuuf feenurratti osoo abdii hin kutiin irra deddeebinee yaaluun, gaaffii gaafannus addaan kutinsa malee irra deddeebinee gaafachuun namoonni yaada keenya /gaaffii keenya/ akka yaadaasaaniitti akka Isaan fudhatan gochuu keessatti shoora guddaa taphata! Fkn ABOn gaaffii mirga hiree ofii ofiin murteeffannaa oromoo itti cichee falmuunsaa har'a akka paartileen oromoo fi uummanni oromoo marti gaaffiikooti jedhanii falmatan gochuu keessatti shoora guddaa taphateera! Kanaafuu atis akkasuma ejjennookee jabeessi hin xawalwaalla'iin!

Waan hin baratamne qabadhu dhiyaadhu!

Uumamumaan dhalli namaa waan haaraa jaallata waan ta'eef hanga dandeesseen yaada haaraa qabatte dhiyaachuuf yaali yoo yaada baratamaas ta'e waan ittiin foyyessitee dhufterratti xiyyeeffadhu! Malee waanuma kaleessa ture yaaduma baroota darbanii har'as qabattee hindhiyaatiin!

Qophii

"Wanti qophiin seeraan hojjetame %50 akka xumarameeti" jedha Naappoliyoon Hill kitaabasaa Think and Grow rich jedhu keessatti! Kanaaf haasaa qabatte waltajjiitti baatus ta'e yaaxxina qabattee namootatti dhiyaattu seeraan itti qophaa'i waa'ee waanta haasoftu seeraan beekuu qabaatta gaaffilee gaafatamtuufille dursii deebii qopheeffadhu!

Siin hin Araaramu!



Abdussalaam Idriis (sabaa'if)

Waan gammachuu qabu seetaa
Ansi waliin kolfinaan
laalaaf madaa koo hunda
obsee cininnanaan

waan darbe dhiisuu wayya
jedheetani malee
Ani hin daganne
waan nagoote kalee

Isa kana duraas
ofii namadeessitee
Akkan hin boqanneef
Ashaboo itti firfirsite
Nan dagadhe seetee?
waan ati nagoote

yaadachuu hin fedhu
waan nagoote kaleessa
Ammas yoon yadadhe
garaa Nalaalleessa

Ijji koo imimmaani
garaan kan koo madaa
An si arguu hin fedhu
yoomuu harra booda

Yakkamaa fi hamaa
natti hin faarsin lamuu
Guyyaa harraan booda
siin hin Araaramu

Warroota Diina keenya nutti faarsan maraan isinis diina keenya jechuuniin barbaada, isin waan jettan jedhaa!

Ati Nama Akkami?

Ati nama akkami
Kan hin guunne waadaa
Waan kaleessa jette
Dagattee waan hunda

Akkana sin seene
Ani garuu kalee
Gantuu ta'uun kankee
Bar har'a naaf galee

Duruu nutu gowwoome
Kan si Amananne
Diina waliin turuu
Kankee sin dagannee

Dhiigni keenya tokko
Waan fedhellee ta'uu
Wanta darbe dhiisaa
Inni Achi haa taa'u

Jennee dhiisne nuti
Yoom kanatti beekne
Wal gorsuuma wayya
Jennee si Amanne

Ayii yaa gaabbii koo
Si Amanuu kootiif
Ayii yaa booddee kee
Saba ganuu keetiif

Yaanni koo milkaa'ee...!

Yaanni koo dheeraadha
utuu naaf milkaa'ee
wantiin ani yaaduus
yoo bakka naaf ga'ee
Biyya koo ijaareen
tokkummaa ishee cimsaa
lammi koo qaroomseen
Sammuu ishee bilcheysaa...
osoo naaf milkaa'ee
Sabakoon barsiisaa
ofii koof baradheen
Biyya koo qaroomsaa
kufaatii hiyyummaa
jalaa numaan baasaa
gafaa anaaf milkaa'ee
guddinaan ceesisaa...
sabnikoo maaf dhabee
sammuusaa qisaasa
Technology uumuun
Addunyaa agarsiisaa
Barnoota barachuun
wallaala hambisaa
kan akka Jawaarfaa
of keessaa yom baasaa
yaanni koo milkaa'ee
yooman agarsiisaa..

OFIIF



GARRAAMUMMAAN OFIIF

Abdii Margaa

Turtii nuti addunyaa kanaarratti dabarsinu keessaa yeroo hunda turtii gaarii dhala namaaf hinta'u. Yeroo tokko tokko haalli hunduu gaariifi mijataa fakkaatu malee haalli biyya lafaa kanaa walkeessa. Gaafii gaarii, gaafii hamtuu, gaafii gammachuu, gaafii gadda. Dhalli namaa addunyaa kanarra jiru; gamni caalu waan godhu hunda ofiimasaa gidduu galeessa godhatee raawwata. Kaan immoo ofiisaas, namoota isaan cinaas gidduu galeessa godhachuun adeemsa deemamu deemu.

Egaa! Dhugaan dirree irra jirtu garuu gaarii ofiis ta'e nama biraa giddu galeeffachuun ati dalagdu ta'e; hammina ati dalagduu utuu hinjaallatiin nama biraa dhaqaba. Kanaafuu, addunyaa kanarra qofaan fayyadamaan ykn qofaan mi-idhamaan hinyaadamu. Gaariin ati namaaf gootu ofiifis akka ta'e, gaariin ati ofiif gootus nama biraaf faayidaa akka qabu dagachuu hinqabdu. Mee seenaa armaan gadii kana haalaan caqasi! Obbo Jaarraa jedhamu. Nama umuriin xiqqoo deeman jaarsa raagaadha. Obbo Jaarraa kan gammachiisu yeroo hundumaa qabeenya uumamaa adda addaa daawwachuufi yeroo baayyee sammuusaanii buhaarsuun dabar-suutu isaanitti tola. Guyyaa tokkos akkuma amala isaanii magaalaa jiraatan irraa fagaachuun gara baadiyyaa fagoo tokkoo deemuun daawwachuuf imala jalqa-ban. Obbo Jaarraan konkolaataa mataa isaanii keessa qofaa isaanii muuziqaa saaqqachuun sirba

''Maaf teenyaa(×2).....maaf teenyaa
Oromiyaa daawwannaa nideemnaa.....'' Kan jettu waliin mormsaanii raasaa shubbisaa, miira gammachuu keessa seenuun seeqaa, gidduu gidduuttis galaa qabatan soorachaa, bishaan irratti habbuqachaa imala isaanii itti fufan.

🥺🥺😇🤗🤗😇😇😌😌😥😥🤶🤷

Samiin sila aduu baasee qilleensa qabbana’aa namaaf gumaachaa ture. Amma immoo dukkanaa'ee gungumuu eegale. Balaqeessi sagalee jabaan balaqeessa'uu eegale. Sammuun Obbo Jaarraa roobni akka roobuuf jedhu tilmaamuu itti hin ulfaanne. Bakki isaan jiran daandii bosona guddaan marfamee namniifi manni waanti jedhame namatti hinmul'atu. Darbee darbee konkolaataa gurguddaatu darba malee. Tilmaamni obbo Jaarraa hin oolle roobni yandoon roobuu eegale. Bakkakaan samiirraa gara lafaatti furgigifamuun rooba cabbiin makameen tum-samee lafa gahuun haala yeroo sanaa xummura biyya lafaa fakkeessan. Obbo Jaarraan miira sodaafi qorraa keessa seenuun bitaafi mirga isaaniin Foddaa konkolaataa isaanii cufuun suuta konkolaachisuu itti fufan.

Adeemsa daqiiqaa muraasaa booda konkolaataan Obbo Jaarraa dirqamaan ofiin of dhaabde. Obbo Jaarraan nyaarasaani walitti guuruun naasuu jabaa keessa seenan. Mootora konkolaataa isaanii irra deebi'uun kaasanii ilaalaan konkolaataan isaanii deemuu hindandeenye. Baayyee rifatan. Homaa falas dhabanii hanga roobni yandoo roobaa jiru caamutti Konkolaataa isaanii keessa taa'uu filatan. Yeroo dheeraa taa'uun eeganis roobni sun waan caamu fakkaachuu dide. Obsumaan harkasaanii lamaan maddiisaanii qabatanii yaadaan badanii taa'uu eegalan. Daqiiqaa muraasa boodas roobni cimaan roobaa ture gara tiifuutti jijjirame. Yeroo kana dafanii bakka taa'aa turanii utaalanii ka'aanii konkolaataa isaanii keessaa bu'uun. Maaltu akka uumame ilaaluuf jarjaran.

Konkolaataa isaanittis naanna'anii yeroo ilaalaan Gommaan Konkolaataa isaanii tokko qilleensa yaasee ciisee jira. Baayyee rifatan gadi jedhaniis haalaan ilaalan. Roobni tiifaa tures suuta humnasaa itti dabalaa dhufe. Obbo Jaarraan isuma keessa Gommaa Konkolaataa isaanii qaqqabuu ilaalan. Gara Konkolaataa isaanittis olseenuun Gommaa jijjirraaf ka'aatan fudhachuuf yeroo Konkolaataa saaqan akka tasaa ta'ee utuu manaa hinfudhatiin ba'an. Yaaddoofi dhiphinni isaanii reefuu dachaa meeqa ta'e. Yeroon baayyee deemee dhiyaa jira. Roobnis humnasaa dabalee roobaa jira.

Furmaata homaa dhabanii, garatti goranis wallaaluun callisanii rooba keessa mudhiisaanii qabatanii dhaabbachuu filatan. Daandii cinaa dhaabbachaa amma immoo Konkolaataa daandii sanarra deemu harka jala qabuun kadhachuu murteessan. Konkolaataa daandii sanarra deemu Konkolaataa gurguddaa biyyoota gurguddaa qaxxaamurudha malee Konkolaataa xixiqqoo kan manaa miti. Isayyuu darbanii darbanii deemu malee akka garaa ofii hinargamu. Obbo Jaarraan miira naasuufi qorra yeroo sanaan hollannaa hamaa keessa seenanii daandii cinaa dhaabbachuun hollatu. Konkolaachistoonni hedduun daandii sanarra darban baayyee dhimmasaanii osoo hingodhatii callisanii bira darbu. Abdiin Obbo Jaarraan qaban bilbila bilbilachuun furmaata barbaaduu qofaa ta'e. Bilbila giiphiisaanii keessaa baasuun yeroo bilbilachuuf jedhan bilbilli isaanii chaarjii fixee cufee jira. Aariidhaan bilbila isaanii lafatti rukkuchuun daandii walkaatti siquun harka lama bal'isuun Konkolaataa achirra darbu kadhachuu eegalan. Konkolaachistoonni baayyeen ammayyuu garaa itti jabaachuun bira darbu. Gidduutti Konkolaataa suuta deemu tokko fagoodhaa qaxxisaa dhufe. Obbo Jaarraan akkuma warra kaan kadhatan abdii kutachaa harka jala qaban. Innis isaan bira gahee dhaabe.

Konkolaachisaan sunis fooddaa Konkolaataa isaa saaqee ''Abbaa! Maal rakkattan maal singargaaruu?'' Jedhee fuula ifaan Obbo Jaarraa gaafate. Obbo Jaarraan utuu rakkoosaanii furmaata hinargatiin ture kan isaan miira gammachuun weeraraman. Seeqaas ''Ilmakoo Galatoomii! Gommaa Konkolaataako kanatu qilleensa yaasee ani immoo akka carraa Gommaan jijjiraaf fide hinqabu. Maaloo hadaraakee naaf rakkadhu!''Konkolaataasaa keessaa utaalee bu'ee ''Maqaan koo Hundaa'ol nan jedhan '' jedhee bira gahee Obbo Jaarraa dubbise. Ariitiidhaanis gara konkolaataa Obbo Jaarraa deemee konkolaataa isaanii jala jilbeeffatee ilaale.

Xiqqoo tures achii ka'ee harkasaa haxaa'achaa ''Akka carraa ta'ee immoo Gommaa konkolaataa keessan kana waliin kan walfakkaatu qabadheen jira. Abbaa kiyya homaa hinyaadda'iinaa amman siniif sirreessee imala keessan itti fuftu.... hhhh.....'' jechuun Hundaa'ol seeqaa gatiittii obbo Jaarraa tuquun jajjabeessee bira darbee Konkolaataa isaa keessaa Gommaafi meeshaalee jijjirraa Gommaaf tajaajilan hunda fuudhee gadi bu'e. Kana gidduutti roobni cimaan cabbiin walmake tokko samiirraa darbatamuu eegale. Konkolaachisaan sunis Obbo Jaarraan akka konkolaataa isaa keessa seenuun taa'an innimoo akka dafee sirreessuuf itti hime. Obbo Jaarraa konkolaataa Hundaa'ol keessa seenuun rooba jalaa dhiyeessan achi keessa taa'aniis waa'ee namichaa raajeffatu inni garuu roobuma keessa Gommaa Konkolaataa isaanii jijjireefii rooba keessa dhaabbatee Obbo Jaarraa ilaalaa seeqa gammachuu addaa qabu seeqe.

Obbo Jaarraan homaa waan dubbatan harkaa bade konkolaataa keessa taa'aa turan keessaas gadi bu'anii gara konkolaachisaa sanaatti deemanii itti marmuun hammatan. Isa boodas konkolaataa isaanii keessa seenuun waraqaa tokko keessaa qarshii fudhanii ''jechan jedhee sigalateeffadhu hinqabu gatii dadhabii keessa kun hinbaasu hoodhu! Qarshii kana na harkaa fudhadhu'' jechuun qarshii Kuma Lama (2000) itti hiixatan. Konkolaachisaan fuula ifaa sun garuu mataasaa raasaa ''Abbaa kiyya an qarshii barbaadee miti waanan isin gargaaruu qabuufi. Gargaaramuun keessan anaaf gahadha'' jedhee deemuuf yeroo jedhu. Obbo Jaarraan duubasaan fiiganii ''Ilmakoo! Gatii dadhabbiikee siif taati jedheeniim na harkaa fuudhi'' jedhan. Innis gara Obbo Jaarraatti galagalee ''Yoo oolmaakoo deebisuu barbaaddu ta'ee isinis namuma akka keessan rakkate bira hindarbiinaa. Amma humna keessanii gargaaraa bira darbaa yeroos boqonnaa sammuun isin argattan hundarra caala'' jedhee nagaa itti dhaamee deeme. Obbo Jaarraan konkolaachisaa sana dhaabbatanii daqiiqaa muraasa erga dinqisiifatanii booda konkolaataa isaanii keessa seenuun konkolaataa isaanii kaasanii namicha sana dinqisifachaa imala isaanii eegala. Bakka daawwannaa isaanis gahaanii waan baayyee dadhabanii turaniifi akkasumas qorra keessa waan oolanii kaaffee daandii cinaa jirtu tokkotti goranii taa'an. Keessumeesituun dubartii ulfaa tokko turte. Isheenis baayyee ofdadhabaa gara maamiltoota isheetti yeroo deemtu obbo Jaarraan callisanii yaadan qabuun ilaalu. Isaan biras geessee maal akka ajajaman gaaffatte. Obbo Jaarraan waan nyaatuufi dhugu ajajate.

Waan Obbo Jaarraan ajajatanii hunda tokko lamaan fiddeef. Sammuun Obbo Jaarraa garuu ''Ayii! Yeroo kana manashee teessee ofkunuunsuu kan qabdu keessumeessituu taatee asii oliifi gadi deemti.'' Jedhanii ofitti haasa'u. Jechi konkolaachisaa silaa Hundaa'ol jedhenis sammuu isaanii keessaa bibile ''Yoo oolmaakoo deebisuu barbaaddu ta'ee isinis namuma akka keessan rakkate bira hindarbiinaa. Amma humna keessanii gargaaraa bira darbaa yeroos boqonnaa sammuun isin argattan hundarra caala'' Obbo Jaarraan waan fayyadamu hunda erga fayyadamee booda keessumeesituu sana waamuun herrega gaatan. Isheenis qarshii 250 ta'uu itti himte. Isaanis qarshii 300 itti kennaan. Keessummeesituuni deebii isaan qaban fiduuf olseente. Daqiiqaa muraasa booda deebii Obbo Jaarraa fiddee dhuftu. Obbo Jaarraan bakka taa'aa turan hinjiran. Teessummarra waraqaa maramaa barreeffama qabu qofaatu jira.

OFIIF

Keessummeessituun sunis waraqaa sana fuutee yeroo dubbistu. ''Sa'aatii muraasa dura dhiphina hamaa keesaan ture. Bakka namni hinjirre, dukkana hamaafi sodaachisaa keessaatti irbaata bineensaa ta'een oole. Garuu, namichi tokko dhuma jala naaf qaqqabee gargaaarsa naaf godhe. Akkasumas ilaalchakoofi namni hammam akka nama barbaachisun hubadhe. Atis yeroo kana mana keessa teessee ofkunuunsuu qabda ture. Egaa! Qarshii kanaan hanga tokko ofkunuunsi'' jedhee qarshii 2000 waraqaa sana keessa ka'ee deemee ture.

Dubartiin ulfaa hojii keessummeessuu dalagdu sunis hojii Obbo Jaarraa ajaa'abisiisachaa yeroodhaan gara manasheetti galte. Yeroo mana geessus Abbaan warrashee dadhabeee ciisee TV daawwachaa jira. Isheenis nagaa erga gaaffattee booda ''Akkam goote qarshiin ganama sitti hime naaf argitee'' jettee gaaffatte. Innis hafuura dheeraa baafatee guyyaa guutuu akka qarshii sana barbaadaa ture itti hime. Akkasumas ''Abbaan qabeenyaa konkolaataa an konkolaachisuus torbee tokko booda malee amma hinargattu nan jedhe. Maal akkan godhu wallaalaan jira bareedduuko'' jedhe Hundaa'ol ija ija haadha warraasaan keessa ilaalaa dubbate. Haati warraan Hunda'olis kolfaa gadi teessee ''Dhiisi ati Waaqni karaa qaba. Kunoo Jaarsi eebbifamaan tokko har'a kaaffee keenya dhufee akka tiiphiitti qarshii nuti baay'ee barbaadaa jirru hunda naaf kenne.'' Jettee. Hundaa'ol bakka taa'aa turee olka'ee Waaqasaa galateeffate. Argitanii Kan yeroo Obbo Jaarraan dhiphatan qaqqabeefii gargaaree bira darbe Hundaa'ol ture. Obbo Jaarraan gorsa Hundaa'ol hapheetti lapheesaanitti waan qabateef darbanii dubartii tokko deegaran dubartii ulfi sun haadha warraa Hundaa'ol turte. Isaan garuu hinbeekan ture. Hundaa'ol yeroo qarshii obbo Jaarraa harkaa fudhachuu dideyyuu qarshii barbaacha imalarra ture. Kanaafigaa garraamummaan ofiif kan an jedhe. Macaafni qulqulluunis ''Waanuma facaasan hammatu'' jedha mitiiree!

Yeroo kamittiyyuu, bakka kamittiyyuu, haala mijataafi haala hinmijannee keessa taa'itii waan gaariifi qajeelaa hojjedhu. Bulee, darbee gaarummaan sun sumaafi. Gaarii yaadi, waan qajeelaa dalagi; yeroos namni gaarii siif yaada.


Garraamummaan Ofiifi!

labata
Barruu Dijitaalawaa Afaan Oromoo
JOIN OUR TELEGRAM CHANNEL



Qeeqa Kitaabaa

Guutuu Amsaaluu



The Secret

Roondaa Birnee, 2006

Fuula: 198 (maxxansa jalqabaa)

Kitaabni “The Secret” kan hundaa’u “seera harkisaa” (law of attraction) irratti yoo ta’u maddi kitaabichaa kitaaba “The Science of Getting Rich” jedhu bara 1910 Waalaas Waatilsiin barreeffame dha. Akka seerichi jedhutti yaadni namaa kallattiidhaan addunyaa jijjiiruu akka danda’udha. Wanti wal-fakkaatu wal harkisa. Yaadaa fi fedhii kee waan tokko irratti xiyyeeffattee yeroo turtu yuunivarsichi fedhii kee kana dhugaa gochuuf hojjeta. Kana argachuuf wanti sirraa eegamu tokko nagatiivii yaaduu fi haasa’uu dhiisuu dha. Fakkeenyaaf, sooromuu barbaadda taanaan “sooromuun barbaada” jetta malee “hiyyoomuu hin barbaadu” jechuu hin qabdu. “Hiyyoomuu hin barbaadu” jettee jennaan yuunivarsiin “hiyyuma” ishee jettu waan dhaga’uuf ni hiyyoomta. Kitaabichi koppii miiliyoonni digdamaa ol yoo gurguramu afaan shantamaa olitti hiikameera. Baruma 2006 keessa fiilmiitti jijjiirameera. Kitaabonni “The Secret” irratti hundaa’an “The Magic”, “The Power” fi “The Secret to Teen Power” jedhamanis barreeffamanii gabaarra oolaniiru.

Yaadni seera harkisaa (law of attraction) kan dhiyaate yeroo jalqabaaf miti. Roondaa Birnee dura barreessitoonni akka Noormaan Viinsent Piil, Maadaame Blaavaaskiifaan yaadicha addunyaa wajjin wal beeksisaniiru. Seerichi waa'ee wanta tokkoo irra deddeebi'anii yaaduun wantichi jireenya ofiirratti akka ta'u taasisa jedha. Birneen kanaaf fakkeenya gootee namoota hedduu dhiyeessiti. Akka isheen jettutti waan barbaadan tokko argachuuf waa sadiitu barbaachisa: gaafachuu, amanuu fi fudhachuu. Kanaaf immoo raga gootee kan fudhattu tokko Macaafa Maatiwoos 21:22 "Amantanii waan gaafattan hundumaa ni fudhattu" isa jedhu dha.

Galma kitaabichaa irratti Dooktar Deenis Waatliin namoonni milkaa'oon kanaan dura icciticha yoo baranii itti fayyadamanis namni biraan akka baree hin fayyadamneef dhoksaa turan jedha. Birneen immoo itti fuftee namoonni baayyeen iccitichaan mana babbareedaa, abbaa manaa yookin haadha manaa, konkolaataa, hojii fi guddina sadarkaa hojii akka argatan
dubbatti.
Boob Prooktar kan jedhamus kitaabicha keessaa hamma ta'e barreesseera. Akkas jedhee gaafata: "Qabeenyi biyyichaa dhibbantaan sagaltamii ja'a kan jiru namoota dhibbantaa tokko harka dha. Kun kan ta'e akka carraa sitti fakkaataa? Carraadhaan miti. Warri dhibbantaan tokko icciticha waan hubataniifi..."

Akka kitaabichi jedhutti namoonni gurguddoon akka Albart Anistaayin, Ayizaak Niiwutan, Plaatoo, Abrahaam Liinkan, Wiiliyaam Sheekispiirii fi Toomaas Eedisanfaan ni dhoksan malee icciticha beeku turani.



"The Secret" jalqabaa hamma dhumaatti sobaan kan guutame, of kan faallessuu fi amala badaa kan nama barsiisuu dha.
Akka Birneen jettutti "seerri harkisaa" (The Law of Attraction) seera uumamaa akka seera harkisa lafaa (the law of gravity) dha. Kun soba guddaa dha. Seerri harkisa lafaa saayinsiidhaan kan mirkanaa'e yoo ta'u seerri harkisaa (the law of attraction) garuu jiraachuu isaaf ragaan tokko illee hin jiru. Seerichi saayinsii kan faallessu dha malee saayinsiin kan deggerame miti. Kana baruuf kitaabota saayinsii gaggaragalchuun iyyuu sirraa hin eegamu. Kitaabichi akka jedhutti dhukkubni kan dhufu waa'ee dhukkubaa yaaduudhaani. Kanaaf fala akka ta'utti waa'ee dhukkubaa hin yaadin; hin haasa'in jetti.

Fakkeenyaaf Eedsiin lafarraa kan badu yoo waa'ee isaa haasa'uu fi yaaduu dhiisne dha. Yeroo waa'een Eedsii hin haasa'amnee fi namni waa'ee isaa hin beekne akkam akka inni babal'ate hin beektu fakkaata. Dhukkuba kan biraa fakkenya fudhadhu- cobxoo.

Dhukkubni cobxoo amma lafarraa badeera. Kan bade garuu akka "The Secret" irratti jedhame waa'ee cobxoo kaasuu dhiisuu fi waa'ee isaa irraanfachuudhaan miti. Cobxoo balleessuuf imaammatni ba'ee hojiirra ooleetu kan cobxoon bade. Egaa karaa kanaa kitaabichi saayinsii fi dhugaa seenaan kaa'e faallessa.
Rakkinni kitaabichaa inni guddaan tokko ofiima isaa of-faallessuu isaati. Birneen kitaabichi akka dhugaa ta'e naa mirkaneessa kan jettu muuxannoo namoota hedduu barreessiteetti. Namoota isheen fakkeenya gootee fudhattu keessaa tokko mucaa waggaa kudhanii Kooliin jedhamu dha. "Kooliin warra isaa wajjin torbee tokkoof bakka bashannanaa Diiznii deeme. Guyyaa jalqabaa taphaaf paarkii seenuuf hiriira dheeraa dhaabbatanii eeguuf dirqamani. Galgala sana utuu hin rafin dura Kooliin 'bor hiriira dhaabbachuu hin barbaadu; takkaatti ol seenuun qaba' jedhee rafe. Borii isaa akkuma ini fedhe hiriira hin dhaabbanne. Guyyaa guutuu taphachaa oole."

Of-faallessuun kitaabichaa kan mul'atu tokko asirratti. Birneen 'yaada nagatiivii hin yaadin; si dhaqqaba' hin jennee? Utuu seerichi dhugaa ta'ee Kooliin hiriira hin barbaadu waan jedheef hiriiratu isa eeggata ture. Of-faallessuu kitaabichaa kan biraaf immoo kubbaa miillaa yookin ispoortii barbaadde fudhadhu. Garee lamatu jira haa jennu; Baarseloonaa fi Riyaal Maadriid.

Taphattoonni, leenjisaa fi deggertoonni garee lachuu mo'uu akka barbaadan yoo dubbatan, akka mo'anis yoo amanan maaltu ta'a? Akka seerichaatti waan barbaadde tokko amantee jennaan yuunivarsiin fedhi kee sii kennuun dirqama. Egaa gareen lachuu akka mo'an amanu; mo'uu ni barbaadus; garee isa kamtu mo'a ree? Baarseloonaan yoo mo'e seerri harkisaa Maadriidiif hin hojjetu jechuu dha; Riyaal Maadriid yoo mo'e seerichi Baarseloonaaf hin hojjetu jechuu dha. Qixxee yoo ba'an immoo lachuu iyyuu seerri harkisaa eenyuuf iyyuu hin hojjenne jechuu dha.

Rakkoon kitaabichaa inni sadaffaan amala badaa barsiisuu isaati. Dhibaa'ummaa, ofittummaa fi tuffii nama barsiisa. Sadarkaalee ittiin waan barbaadan argatan Birneen jette yaadadhu: gaafadhu, amani, fudhadhu. Hojjedhu kan jedhu keessa hin jiru. Dhuguma seerichi ni hojjeta taanaan namni maalif miindaan qacaramee hojjetaree? Lootariin akka ba'uuf taa'ee hin hawwuu? Amanuun qofti ga'aa erga ta'ee namni harka maratee taa'ee hawwa jechuu dha. Kun dhibaa'ina jajjabeessuu dha.
"The Secret" irratti nagatiivii akka hin yaanneef fala ta'ee kan dhiyaate tokko namoota nagatiivii nu yaachisan irraa fagaachuu dha. Fakkeenyaaf, furdina ofirraa ittisuuf nama furdaa hin ilaalin; hiyyuma balleessuuf waa'ee hiyyumaa hin haasa'in. Haala kanaan fayyaa ta'uu barbaacha nama dhukkubsataa baqachuu, sooressa ta'uu barbaannaan nama hiyyeessa baqachuu qabda jechuu dha.
"The Secret" koppii miiliyoonni hedduun gurguramuun baayyee kan nama yaachisu dha.



Free Digital Magazine

labata

Barruu Dijitaalawaa Afaan Oromoo



BARRUU DIJITAALAWAA AFAAN OROMOO

JOIN OUR TELEGRAM CHANNEL



JOIN NOW

Free digital magazine



CONTACT US

https://telegram.me/eloha1

MEE YAADII



Dastaa Takka'aa

MEE YAADII UTUU SI TA'E MAAL GOOTA?

Yaadni kun hundumtuu anaaf gaaffiidha. Deebii yaada kanaa argachuuf immoo dirqama gadi baasee muldhisuun qaba jedheen of amansiisee. Marree anis deebbii natti ulfaate lammiikoo sinittan qoodadhe na gargaaraa.

Wanti ati gootuu fi kan ati yaaddu yoo si milkaa'uu dhabe karaa hundaan si diduu, wanti ati nyaattuu fi kan ati dhugduu si sifaa'uu didee yoo deebi'ee si gubu, nama ati jaallattu fi nama ati abdattu yoo deebi'ee si hubu, Karaa deemuuf jettee galaa ati galeefatte si turuu didee yoo si harkaa dhumu, ibsaa qabsiifattee dukkanatti baatee manarraa fagaattee yoo si harkaa dhaamu, maatii kee fi firakee guddina si hawwun yeroo abdatamttee atimmoo deebitee kana hundaa dagattee ijumaan argafuu yeroo barbaadamtu, hawwii ijoolummaakeef muldhata qabaattee bu'aa ba'ii baayyee keessa dabarsitee addanan ga'attee tasa dogoggortee yoo of harkaa gatte, firaa fi maatiikeen gorfamtee kallattii sirrii irra utuuma adeemtuu haalan gowwomfamtee yoo daandii irraa kaattee, imanaa uumaa kee, maatii fi firootakeef amanamuu didee caccabsitee yoo nyaattefi qaanii fi safuu jiru irraa tarkaanfattee ofiikeen of hattee ofii kee deebitee yoo ofumakee gante **MAAL GOOTAA????**



GUULANTAA MILKAA'INAA

Isaayyaas Ittafaa

YAALUUF QOPHAA'AA TA'I.

Maal yaaltee beekta? Wanti hunduu madda yaalii akka ta'e beekta?

Dhalli namaa guulantaawwan ulfaatoo keessa darbee sadarkaa har'a irra jiru kana irra ga'e. Dhalli namaa haalota isaa wal madaalchisuudhaan wantoota isa barbaachisan argachuuf yaaliiwwan hedduu geggeessee dafqaa fi dadbabbii baayyee keessa darbee wantoota isa barbaachisan hedduu gonfate. Garaan isaa ni beela'a. Waanta nyaatu argachuuf adamsee foon akka nyaatuu fi firii mukeetii akka argatuuf dirqame. Utuu waanta beela'eef beekuu baatee yaalii tokkoo utuu hin geggeessin callisee silaa yoona dhalli namaa addunya kana haguugee argamu kun hin jiru ture. Beelaan haxaa'amee dhuma ture. Miiraa yaalii Isa keessatti argameen hanga har'aatti wal horee jiraate. Boodarra wantoota gurguddoofi ajaa'ibsiisoo akka qaroomina see'anaa kalaquu jalqabe. Kalaqi bu'aa yaaliiti.

Teknolojiiwwan ajaa'ibsiisoon feetee jiraachuu addunyaarraa akka urjootaa calaqqisaanii fi jireenya dhaloota har'aa jireenya jechisiisan hedduun bu'aa yaaliiti. Muka qabataa malee, riqicha tokko utuu hin ijaarin. Daandiin addaa tokko utuu hin hojjetamiin xiyyaarri qilleensarra akka balali'uun. Bilbilli harkaa fi komputerri addunyaaf calaqqee ta'ee ife bu'aa yaaliiti.

Maarree dhalli namaa utuu xiyyaara hin argin xiyyaara kalaqe, utuu bilbila hin argin bilbila kalaqe, utuu komputera hin argin komputera kalaqe, utuu yaaluu baatee? Silaa yoona dhaloonni har'aas dukkana halkan waarii sana keessa daaddisa ture. Wanti hunduu yaaliidhaan ni dhufa. Wantoonni gurguddoon yaaliiwwan ulfaataa fi wareegama qaban qabatanii ni dhufu. Wareegamni kun immoo yoo milkaa'e bu'aa wareegamaa ol ta'u ni buusa. Xiyyaarri tokko yoo kalaqame namni kalaqe sun muuxannoo baliisuu dhabuu danda'a, ogummaa baliisuu waan hin qabneef balaan isa mudatu hanga lubbuutti. Garuu aarsaan itti kaffalamee bu'aa hedduu addunyaaf ni buusa.

Kalaqoota addaa addaa yammuu ilaalan tarii wanti hin danda'amne hin jiruu? Nama jechisiisa. Atis waa tokko yaali. Yoo milkaa'uu dadhabde kallattii itti jijjiirii yaali. Hin ta'u yaada jedhu ofirraa fageessi. Hin danda'amu hin jedhin. Akka danda'amuuf mala barbaadi. Ofitti amani. Namoonni baayyeen si qeequu danda'u qeeqni isanii mogolee sin buusin. Yaada mataa keeetin bu'ii ba'i.

MILKAA'INAA

Isa yaadde hamma harkaan qabattutti odeessitootaaf gurra hin ergisin. Milkaa'inni kee inni xumuraa sun isaaniif deebii ni ta'a. Kaayyoo keetti cichi. Galma qabaadhu. Hamma galmicha seentutti hin dhaabatin. Sababinsaa akkuma guyyaan dabalaa adeemu umuriin ati lafa kanarraa qabdu hir'ataa waan deemuuf. Yeroo qabdutti fayyadami. Milkaa'ii du'i. Waan ati itti milkoofte sun ati yoo itti fayyadamuuf yeroon Kee dhumellee dhala keefi sanyii kee biyya keefi addunyaa ha fayyadu. Yammuus ati nama seenaa jedhamta. Namni seenaa hojjetee du'emmoo bara baraan foonin lafarra dhibus jiraatadha. Ati kun nii ulfaata hin jedhin yoomuu yaaluuf qophaa'aa ta'i. Milkaa'umsi bu'aa yaaliiti.

GALMA QABDAA?

Imala jalqabdeettaa?
Eessa dhaqaa jirta?
Daandiin Kee si baasaa?

Dhalli namaa bu'aa ba'ii jireenyaa isa qiliileefi tabbaa, bowwaafi gaaraan, guutamee qoraattin isaa darbatee nama waraanu Sana keessa dukkana halkan waariitiin qaqabatee guyyaa ifa keessa gubaa aduu fi rooba yandoo danda'ee qoraan cabsee ba'aa baatee dafqa xuruurfataa kurkuree barraraa oola. Kun hunduu bar tokko aaragalfatee boqonnaadhaan jiraachuuf har'a ciniinsuu otbsee dabarsa. Gartuu danuutu kurkura garuu muraasatu milkaa'a isa kaan carraasaatu galma hanqisee utuunni dafqasaa hin qoorfatin umuriisaa gabaabsa. Inni kun ajaja uumaa biraa itti dhufuudha jennee dhiifna. Garuu danuun utuma miixuu milkoominaatiif ciniinsifataa jiranii gufuu gufatanii kufu. Kufanii bakka kaleessaa jiraachaa turan Isa gadadoo sala laga rakkinaatti qajeelchituu jireenya isaani marfatu.

Guyyaa tokko Mana keenyarraa gadi siqeen baargamoowwan qilleensa nagaan guutaman jala taa'een yaada dhuunfaa koo yaadee galaana yaadaa gurduman ture. Ijikoo akka tasaa irra buute. Halaalarraa allaattiiwwan sadii wal-cina goranii balali'aa dhufanii bargamoorra qubachuuf yammuu jedhan allaattiiwwan lama qubachuun arge isaan keessaa tokko damee bargamootiin reebamaa batattisaa gadi dhufee kufe.

Allattiiwwan warri sunoo qubataniiruu Kun maal ta'eeti jedheen itti siqeen hubadhee ilaale. Sababa maaliin akka miidhame beekuu baadhus allaattichi miilla lammanuu hin qabu ture. Barrisuu malee qubachuu hin danda'u. Siluma hiriyoonnisaa balali'aa waan jiraaniif argeetu faana balali'e. Eessa akka dhaqaa jiru hin beeku ture. Nan gadde. Gara jiruufi jireenya dhala namaattin naannesseen tilmaame. Namoota danuutu fiiga garuu muraasatu milkaa'a. Kaan utuma fiiguu dirree fiigichaa gad lakkisee ba'ee jireenya Isa duubatti deebi'a. Lafa dhaqaa jiru waan hin beekneef lafa dadhabetti dhaabbata.

Eessa akka dhaqaa jirtu beektaa? Achin dhaqa jedhii asii adeemsa jalqabi. Asii erga kaatee booda eessan dhaqa? Ofiin hin jedhin. Ka'umsi kee daandii galma keetti si geessuudha. Namooti danuun waan adeemaa jiraniif isaan faana hiriirtee hin adeemin. Isaan bakka galma isaaniitti sirraa maqu. Ati garuu akka allaattiichaati. Abalu dorgomeef hin daorgomin. Maalii fi akkamitti Yoon dorgomen geepha argadha jedhii dursa itti yaadi. Galma koon ga'a jette yeroo adeemtutti rakkoowwan ulfaatoofi nuffisiisoon si mudatu. Galmi kee abdiikee waan ta'eef rakkoo si mudate akka salphaatti mo'achuu dandeessa.

MILKAA'INAA

Imala Kee Isa boriitiif akkamitti akka imaluu qabdu waan si hubachiisaniif. Garuu rakkoowwan ulfaatooon gonkumaa si booji'uu qaban. Karaa namni ati beektu irra milkaa'erran milkaa'a jettees hin yaadin. Muuxannoo inni qabu hunda gad of buusii irraa qoradhu. isaan galaa imala keetiidha. Daandiisarra garuu hin milkaa'uu qofatti hin amanin. Maaltu beeka? Daandiin isaaf qajeelaa siif tulluu yookaan qiliilee sitti ta'uu mala. Sammuu keetti amani. Lafa dhaqaa jirtu yoomuu hin dagatin.

Lafa dhaqaa jirtu hin beektu yoo ta'e karaan hunduu waan si geessan fakkaatanii qajeelinaafi bareedina uffatanii sitti mul'atu. Garuu yoona Kan ati irra fiigdee mo'attu tokko qofa tu'uu danda'a. Karaa kamtu na baasa? Kamtu na mijata? Imala kootii kamtu qajeelaa? Galma kootti Isa kamtu na geessaa? Gaaffileen jedhan. Gilgaala ati utuu adeemsa hin jalqabin hojjettee deebiiwwan isaanii gola sammuu keetti qabattee adeemtu ta'uu qabu. Baatee karaatti hafuu hin qabdu. Imalli Kee hamma galmaatti akka ta'un barbaada. Milkaa'i

JECHA NAMOOTAAF GURRA HIN KENNIIN!

Jireenya nuti guyyaa guyyaadhaan jiraannu keessatti jechi namoota, oduu, hamii, maqabaasii(maqaa namaa balleessuun) iddoo olaanaa qabu. Gartuun milkaa'ina Kee hawwiifi dharraa jabaadhaam eeggatan yoo jiraatan illee akkasuma kan baduufi kufaatii Kee gurra keessaa guurii baafatanii caba kee akka guyyaa cidhaatti gammachuudhaan simachuuf qophaa'an hedduudha. Isaan kun yoo ati mucucaatte kufee cabe siin jedhu.yoo mucucaattee kufte kufee du'e siin jedhu. Yeroo mara jechi isaan siif akka bokkaa arfaasaa roobsan qilleensaa oduu keetiifi cabbii badiisa keetii roobu. Mo'ataa ta'uudhaaf garuu ati jechoota isaanii riqicha godhattee galaanaa rakkinaa irra ittiin ceeta.

Guuboon abdii keetii jecha namootaatiin uratee dhimmisuu hin qabu. Kanneen hirree sirratti kaasanii si miidhuuf abbalanis ni jiru. Isaan kun tooftaa ati ittiin loltee mo'attu si barsiisuu. Garuu ati dursa itti yaaddee karaaroositee wantoonni hamoon imala Kee keessatti akka si mudatan beekuu qabda. Yammuus wantoota si midataaniif injifataa ta'uuf wanti si daangessu hin qabdu.

Loltuun tokko ergaa dirree waraanaatti seenee booda leenjii loltummaa hin fudhatu. Utuu dirree lolaa hin seeniin akkamitti akka loluufii tooftaalee isaaf mijataniin hidhannoo isaa jabeeffatee ejjennoofi hamilee guutuudhaan mo'achuuf dirree lolaatti seena. Yammuu dirree lolaatti seenuu wanti hunduu isaaf haaraa hin ta'an. Kan inni argu hunduu wantoota inni yeroo leenjii fudhataa turetti Isa barsiifamaa turaniifi yaadaan yaadee hubateedha. Akkamitti akka jelaa miliquu qabu waan beekuuf sodaa malee lolatti seena. Atis ergaa imala jalqabdee daandii keerratti jechi namoonni siin jedhaniif dalagaa isaan sirratti dalagan sitti akka hin haarofnetti dursii karoorsi.

Ni kufta waan siin jedhaniif miira kufaatii keessa seentee sodaadhaam akka allaadduu bishaan keessaa hin raafamin. Bubbeen arrabaan sitti ka'u na raasaa jettee yoo sodaatte raafamuuf haala mijeessaa jirta. Garuu yoo hin raafamu jettee hamilee guutuudhaan murattee kaate murannoonke akka nama dhagaa pestaaliitti hidhee lafa kaa'eeti. Pestaaliin wanta baayyee salphatuufi qilleessi akka barbaadeefii haala salphaadhaan asiif achi naanneessuudha. Ol fuudhee lafatti deebisee hanga babbaqasuutti nii danda'a. Garuu peestaalii Sana keessa dhagaan yoo kaa'ame. Hangi ulfaatina isaa nii dabala hin raafamu. Qilleensi hin raasu. Hin baatus. Ni ulfaata waan ta'eef. Atis murannoon Kee ulfaatinaafi ciminakee dabalu. Bubbeen akka si hin raafneefi si hin kuffifneef si jabeessa. Yoo jabaattee carraaqxe carraa Kee dhandhamta. nii milkooftaas.

MEKAANIYAA

ART



Art by: Akuma Mathewos

https://t.me/artwithakuma



Qanaani Abdataa

WAAN GUDDAA YAADUU

"YAADNI" wanta qabatamaa hin taane, har'a dhufee kan bor badu ta'uusaa namni yaade yoo jiraate dogoggooreera. Wanti tokko utuu gara addunyaa kanaa hin dhufiin dura sammuu namaa keessatti uumama. Kana booda dhiibbaa yaadni kun nama irratti uumeen wanti yaadame addunyaarra jiraachuuf carraa argata. Amala sammuu keenya keessa turuus ni qabaata. Yaadni tokko yommuu sammuu keenya keessa seenu, yaada kana fudhannee irra deddeebinee yommuu itti yaaduu jalqabnu, yaadni kun suuta suutaan dubbannaa keenya irraa mul'achuu jalqaba. Yaada keessa keenya buufatee, dubbannaa keenyaan calaqqisuu eegale kanatu gara jireenya keenya jijjiiruutti adeema. Yaadni yoo jiraate, hojiinis jira. Yaadni nuti keessa keenyatti yaadnu haala gaariidhaan yoo bilchaate, hojiitti jijjiiramuunsaa yeroo ofiisaatii eega malee hin hafu. Yaada tokko utuu hojiitti hin jijjiirin dura, yaadni gara raawwii isaatti nu dadammaksu keessa keenyatti uumamuu qaba.

EDWIN C. BARNES

Yaadonni sammuu namaa keessa jiran wantoota humna olaanaa qabanii fi kaayyoo, kutannoo fi dharraan itti dabalamnaan gara wantoota qabatamaan lafarratti argamaniitti jijjiiramuu danda'u. Edwin C.Barnes akkaataa namoonni yaada sammuu isaanii keessa jiru gara wantoota qabatamaan lafarratti argamutti jijjiiran adda baasee ture. Tooftaa kanas yeroodhuma tokkotti adda baase osoo hin taane, adeemsaan suuta suuta hubate. Jalqaba dharraa Thomas A.Edison guddicha waliin hojjechuutu keessa isaa sarde. Dharraan Barnes kun ifaan ifatti beekamaadha; innis Thomas A.Edison waliin hojjechuudha malee isaaf hojjechuu miti. Dharraa kana akkamitti akka dhugoomse sirriitti qalbifadhu. Yeroo dharraan kun jalqaba keessa isaa sarduu eegale, fedhicha dhugoomsuuf tarkaanfii jalqabuuf haala isaaf mijatu keessa hin turre. Gufuuwwan gurguddoo lamatu fuuldurasaa ture.

1, Thomas A.Edison waliin wal beekuu dhabuu isaa;

2, Maallaqa gatii geejjibaa ittiin gara magaalaa Thomas jirutti deddeebi'u dhabuu isaati. Gufuuwwan kunniin namoota dharraa isaanii dhugoomsuu barbaadan hedduu boodatti deebisu. Garuu dharraan Barnes dharraa salphaatti obsee isa teesisu hin turre. Kanumaan dharraa kana karaa fedheenis ta'u dhugoomsuu akka qabu ejjennoo irraa deebi'uu hin dandeenye qabate. Kutannoon isaa kunis makiinaa fe'umsaatti rarra'ee gara New Jersey (Magaalaa Thomas Jiru) tti akka deemu isa godhe. Yeroo New Jersey ga'es laboratorii Thomas A.Edison seenee, isa waliin hojjechuu akka barbaadu itti hime. Thomas A.Edison waggaa tokko booddee akkas jechuun waa'ee wal argaa isaanii jalqabaa dubbate: "Nama kashalabbee wayii fakkaatee dhufee fuuldura koo dhaabbate.

WAAN...

Garuu fuullisaa nama waan dhufeef milkeessuuf kutannoo olaanaa qabu fakkata. Ani muuxannoon jireenyaarraa argadheen akkan hubadhetti, namoonni dharraa keessa isaaniitii madde dhugoomsuuf waan kamiyyuu ni godhu. Dhugoomsuu akka danda'anis ni amanu, waan fedhe argachuuf hanga dhumaatti kutannoon akka inni dhaabbatu waanan hubadheef, carraa inni na gaafates isaaf nan kenne." Yeroo sanatti wanti dargaggeessichi Barnes jedhamu kun Thomas A.Edison tti dubbate, waan inni argate waliin wal hin simu ture. Thomas A.Edison gurbaa kana waajjira isaa keessa hojjechiisuun dharraa isaan mormuu akka ta'e boodarra hubate. Inni milkaa'ina isaa kan madaalu yaada ofiisaatii yaadeen malee yaada Edison yaade milkeessuun hin turre.

Barnes jalqaba Thomas Edison waliin sharika ta'ee hojjechuu carraa hin arganne. Carra miindeffamee waajjira Edison keessa hojjechuu argate. Waajjira Edison keessatti yeroo miindeffamee kanattis hojii Edison fayyadu osoo hin taane hojii Barnes fayyadu hojjechaa ture. Hojiin kun Barnes dandeettii fi dharraa gurgurtaarratti qabu akka agarsiisuuf carraa isaaf bane. Akkanumaan hojii kana hojjechaa ji'oota hedduu dabarse. Garuu akkuma yeroon deemaa deemeen dharraan inni Thomas A.Edison waliin hojjechuuf qabu dabalaa deeme.

Ogeessotni Saayikooloojii akka jedhanitti, namni tokko waan tokko argachuuf of qopheessinaan, wanticha qabatamaan argachuu danda'a. Barnes Thomas waliin hojjechuuf of qopheessee ture of qopheessuu irra tareeyyuu hanga waan barbaadu qabatamaan dhugoomsutti barbaaduu akka hin dhaabne ejjennoo jabaa qabatee ture. Hamma kana muddamuun koo maal naaf godha kanarra yaada koo jijjiiree hojii gurgurtaa irratti bobba'ee hojjechuu naaf wayya hin jenne.

Ani kanan as dhufe Edison waliin sharikoomee hojjechuudhaaf, kana dhugoomsuun bara jireenya koo yoo natti fudhate iyyuu hamman argadhutti hin dhiisu jedhe. kun waanuma inni jechuus gochuus barbaadeedha.

Namni kamiyyuu akkuma Barnes kana kaayyoo qabatamaa fi beekamaa akkanaa qabatanii, dhugoomsuu fi hanga dhumaatti kutannoon yoo dhaabbatan waan fedhan inuma argatu. Yeroo sanatti Barnes mataansaa kutannoon inni dharraa isaa dhugoomsuuf qabu, gufuu fi kufaatii dandamatee dhaabbachuun isaa waan barbaade galmaan akka ga'u akka isa godhan beekuu dhabuu danda'a. Baay'een keenyas dhugaa kana hubachuu waan dhabnuuf, abdii kutannee boodatti deebina.

Carraawwaan jireenyaa bitaa fi kallattii inni hin eegneen gara Barnes dhufan. Kun tooftaa gowwoomsaa jireenyi fayyadamtuudha. Gowwomsaa jireenyaa kanatti warri abshaaloman milkaa'aniiru. Carraa gaariin yeroo baay'ee haala rakkisaa fi mijataa hin taane keessatti nu mudata. Sababa kanarraa kan ka'e namoonni carraa gaarii sanatti fayyadamuu dhabu. Garuu haalonni rakkisoon kutannoo keenyaan jijjiiramuu ni danda'u. Obbo Thomas maashinii waajjira haaraa kan yeroo sanatti 'Edison Dictating machine' jedhamu boodarra 'Ediphone' jedhame hojjetee ture. Hojjettoonni gurgurtaa isaa, maashinii haaraa kana gurguruun dhamaatii guddaa gaafata jedhanii waan yaadaniif, gurguruuf kaka'umsa dhabanii turan. Barnes carraa isaa ni argate.

Maashinii kana Barnes fi nama maashinicha hojjete Thomas Edison qofatu jallate. Maashinii haaraa Edison hojjete kana gurguruu akka danda'u keessa isaatti beeka ture. Yaada isaa kanas Edisonitti himee, carraa maashinicha gurguruu argate. Akka yaadettis maashinicha haala gaariin waan gurgureef, Edison guutummaa biyyaatti akka raabsuuf carraa kenneef. Kanumaan hariiroon waliin hojjechuu isaanii dabalaa deemee boodarra maashinichaaf mammaakamaa ture akkas jedhame. "Made by Edison and installed by Barnes" gara afaan oromootti "Edisoniin hojjetamee, Barnesiin hidhame" kunis Barnes maallaqa hedduu horachuun akka badhaadhu taasise.

Milkaa'ina isaa kana caalaa immoo argannoon isaa baay'ee guddaan yeroo sanaa, dhalli namaa yaada keessa isaa jiru gara badhaadhumaatti jijjiiruun akka dandaa'amu mirkaneeffachuu isaati. Barnesis jalqaba dharraa Edison waliin hojjechuutu keessa isaa sarde. Yaada qabeenya horachuutu keessa isaatti uumame. Yeroo sanatti dharraa isaa kana dhugoomsuu eegaluuf, homaa of harkaa hin qabu ture. Waan inni of harkaa qabu dandeettii waan argachuu barbaade adda baasee beekuu fi kutannoo waan fedhu kana ittiin milkeessu qofaadha. Waan fedhes milkeessuf maallaqa hin qabu ture. Sadarkaan barnoota isaas gad bu'aadha. Aangoo ykn beekamtii ittiin yaada namootarratti dhiibbaa godhus hin qabu ture. Garuu injifachuuf kakka'umsa, amantii fi dharraa olaanaa qaba. Humnoota ijaan hin argamne keessa isaa jiran kanniinitti fayyadamee, saayintistii beekamaa addunyaa kanaa waliin hojjetee, tarree namoota addunyaa kanarratti sadarkaa olaanaarra ga'aniirratti maqaa isaa barreeffate. Namoonni baay'een gufuu fi kufaatii yeroo murtaa'eef turu dura dhaabbachuu waan dadhabaniif bara baraan kufanii hafu.

Namoonni milkaa'an utuu milkaa'ina hin gonfatin dura yeroo murtaa'eef injifatamuu fi kufuu akka danda'an ni beeku. Yeroo waan tokkotti injifataman dhiisuun waanuma barameefii waanuma sirriidha jedhamee waan yaadamuudha. Kun waan namoonni baay'een raawwataniidha.

Kufaatiin humna jabaa hamilee keenya laamshessuu danda'u waan qabuuf, dharraa fi kutannoo ittiin wixxifatanii ka'an nama barbaachisa. Bara ammaa milkaa'ina nama tokkoof wantoonni bu'uura ta'an obsaa fi yaada haaraa dha. Namoonni milkaa'ina sodaatan utuu hin eegalin mogoleen isaan bu'a. Namoota yaada haaraa qabaniif yeroon ammaa kun yeroo kamiyyuu caalaa mijataadha. Dhaabilee hojii, baankiwwanii fi industriiwwan baay'een waan jiraniif, isaanuma deebisanii bifaa fi akkaataa haaraan hundeessuun ni dandaa'ama.

LIKE OUR
Facebook Page
https://www.facebook.com/labatamagazine

JOIN OUR
Telegram channel
https://t.me/labatamagazine

LABATA

BARRUU AFAAN OROMOO DIJITAALAWAA